Ibsa gabaabaa imaammataa - 2023

# Ooyiruu tokko keessatti heddummina lubbu-qabeeyyii kunuunsuu fi buna oomishuun ni danda'amaa?

Bunni yeroo mukeen gaaddisa bunaa gosa adda addaa fi gaaddisa danate qabu jalatti guddatu lubbu-qabeeyyii adda addaa kan akka simbirroo, abaaboo fi ilbiisota adda addaatiif haala mijataa uuma. Haata'u malee, qotee-bulaan yoo lafa isaa irraa oomisha guddisuuf mukeen/gaaddisa bunaa xiqqeessuuf barbaade faayidaan iddoon sun biqiltoota fi bineeldotaaf qabu xiqqaachaa deema. Nutis wal-dhibdee lubbu-qabeeyyii adda addaa jiraachisuu ykn guddisuu fi oomishtummaa bunaa dabaluu gidduu jiru irratti qorannoo gaggeesine. Lafti bosonaa kan oomisha bunaa xiqqoo qofa kennu biqiltoota adda addaatiif mijataadha. Kana jechuun immoo oomisha bunaa dabaluuf lafa bosonaatti yoo kunuunsa bunaaf godhamu dabalaa deemnu lubbu-qabeeyyii achi jiraachuu danda'an balleessaa deemna jechuudha. Haata'u malee iddoowwan oomisha giddugaleessa kennan immoo carraan lubbu-qabeeyyii adda addaa kunuunsuu fi oomishtummaa guddisuu waan jiru fakkaata. Kanaafuu, qotee bulaan carraa ittiin lubbu-qabeeyyiis kunuunsee oomishtummaa bunaatis dabaluu danda'u irratti yaalii godhuun akka barbaachisuu gorsa keenya.

### Fedhiiwwan wal-dhibdee fiduu danda'an

Itoophiyaa keessatti bunni akka aadaatti gaaddisa mukeen adda addaa jalatti guddata. Mukeen jiraachuun mataa isaatiin jireenya lubbu-qabeeyyii hedduuf faayidaa guddaa qaba. Gaaddisa bunaa ol jettee yoo ilaaltu dameewwan isaanii irraa abaaboon babbareedoon yoo gadi rarra'u argita, ganama barraaqaan sirba simbirroowwan adda addaa dhageessa. Ilbiisonni adda addaa sagalee garaa garaa yoo uuman dhageessa (Fakkii 1ffaa). Kanaafuu bunni gaaddisa mukeenii jalatti guddatu iddoo lubbu-qabeeyyiin adda addaa itti argamuu danda'ani. Haata'u malee qotee bulaan buna oomishu tokko fedhiin isaa heddummina simbirroo fi abaaboo iddoo sana jiru osoo hin taane bu'aa maasaa isaa irraa argatu qofa kan ilaalu ta'uu mala.

Kunuunsi bunaaf godhamus qotee-bulaa adda addaa biratti gargari. Kuun bosona bal'aa uumamaa kan hin kunuunfamne keessaa ija bunaa qofa funaana, kuun immoo ooyiruu bunaa maatiwwan isaanii irraa dhaalan haala hin ammayyoofneen kunuunsanii itti fayyadamu, kanneen biroo immoo oomishtummaa dabaluuf kan akka xaa'oo fayyadamuu fi kunuunsa bunaaf barbaachisu yeroo yeroon godhuun buna oomishu. Garaa garummaan kunuunsa bunaa kun immoo garaa garummaa hamma gaaddisaa, mukeen gosa adda addaa hammam akka jiraachuu danda'an irratti dhiibbaa qaba. Kan jechuun naannoon suni lubbu-qabeeyyii gosa adda addaa hammam akka jiraachisuu danda'u irratti dhiibbaa qabaachuu mala.




*Fakkii 1ffaa. Bunni gaaddisa mukeen bosonaa jalatti guddatu biqiltoota fi bineeldota adda addaatiif bakka jireenyati. Qorannoo keenya kana keessaatti mukeen gurguddaa fi biqiltoota xixiqqoo gara garaa irratti xiyyeeffanne (Suuraawwan sadan tarree ol'aanurra jiran).*

### Oomishtummaa bunaa fi heddummina lubbu-qabeeyyii ooyiruu bunaa 60 keessatti

Qorannoon keenya kibba-lixa Itoophiyaa kan taate Godina Jimmaatti, aanaa Gommaa fi Geeraa keessatti ooyiruu bunni itti oomishamu bakka 60 irratti xiyyeeffate. Ooyiruwwan bunaa qorannoo kanaaf filataman hunduma keessattuu mukeen gurguddaa, mukeen xixiqqoo (miciree/shiraboota) fi kanneen muka hin taane (kan mukeen adda addaa irratti biqilan dabalatee) fi shabbattoo bunaa (biraayoofaaytoota – magariisa ta'anii mukeen adda addaa irratti kan biqilan) qoo'anne. Qorannoon kuni kunuunsa bunaaf godhamu hunda kan hammate yoo ta'u, buna bosonaatii hanga buna haala ammayyaa'aan oomishaman dabalata. Ooyiruwwan hunda irraa oomishtummaa bunaa waggaa sadiif fudhanne.

### Qorannoo keenyarraa maal argannee?

Baay'inni mukeen gosa adda addaa ooyiruwwan oomisha xiqqaa kennan keessatti argame. Haata'u malee, lafa oomisha giddugaleessa hanga baay'ee kennan keessatti heddumminni gosa mukeen adda addaa hin xiqqaannee (Fakkii 2ffaa). Hedduminni biraayoofaaytootaa fi biqiltoota muka hin taane kan biroo (kan akka margaa fi biqiltoota baala babal'atan ykn herboota fi abaaboo muka irratti biqilan ykn ipiifaaytota) oomishtummaan yoo dabalu hin xiqqaanne.




*Fakkii 2ffaa. Baay'inni mukeen gurguddaa fi micireewwanii (shirabootaa) iddoo oomishni bunaa itti xiqqaatutti heddummatu. Ooyiruuwwan oomisha giddu-galeessaa hanga baay'ee kennan mukeen gurguddaa fi micireewwan muraasa (gad-aanaa) qabu.*

Haata'u malee, heddumminni garaa garummaa gosa herboota fi biraayoofaaytootaa kan bakka oomishtummaan bunaa xiqqaa fi giddu-galeessa ta'e gargari.

## Goolaba, yaada gorsaa fi gaaffiwwan hin deebine

Qorannoo keenya irraa kan haalaan barre maasaawwan oomishtummaa xiqqaa kennan heddummina lubbu-qabeeyyii adda ta'e qabu. Kana jechuun immoo kunuunsa bunaa bakkeewwan kanatti daneessun heddummina lubbu-qabeeyyii naannoo kanaa xiqqeessa jechuudha. Haata'u malee, maasaawwan oomisha xiqqaa kennan kanaa alatti oomishtummaa gaarii fi heddummina lubbu-qabeeyyii bareedaa iddoo tokkotti argachuuf carraan jiraachuu mala (Fakkii 3ffaa).

Haala kamiin heddummina lubbu-qabeeyyii fi bu'aa qotee-bulaan buna irraa argatu walfaana guddisuun akka danda'amu irraatti yaaduun barbaachisaadha. Oomisha bunaa dabaluuf kunuunsa bunaaf godhamu bareechuun, fakkeenyaaf kan akka buna gamashuu/gonoddoluutiin/ guddisuun ni danda'ama. Bu'aan buna irraa argamu immoo yoo qotee-bulaan bunni isaa dhaabbata sirni buna oomishuu kun haala itti fufiinsa qabuun akka oomishame mirkaneessuun yoo mirkanaa'eef faayidaan buna irraa argatu dabaluu danda'a. Heddummina lubbu-qabeeyyii mukeen gaaddisaaf ta'an kan gosa adda addaa baay'isanii maasaa bunaa keessa dhaabuun dabaluun ni danda'ama.




*Fakkii 3ffaa. Bakkeewwan ykn ooyiruuwwan oomisha giddugaleessaa hanga guddaa kennanitti carraan oomisha bunaa fi heddummina lubbu-qabeeyyii wal-faana guddisuun itti danda'amu jiraachuu mala. Ooyiruuwwan oomisha xiqqoo kennaniin ala hundinuu galma kanumaaf cimanii akka hojjatan yaadaan ni jajjabeessina.*

Piroojektiin qorannoo kanaa "*Buna kunuunsuun jiruu qotee-bultoota kibba-lixa Itoophiyaa fi heddummina lubbu-qabeeyyii guddisuuf*" fi "*Lafa bunaa qonnaan bultoota xixiqqoo Itoophiyaa haala itti fufiinsa qabuun jijjiirama qilleensatti madaqsuu*" kan jedhu fi dhaabbata Sweden VR/SIDA jedhamuun kan deeggarame yoo ta'u piroojektii kana kan hoogganan Kristoffer Hylander kristoffer.hylander@su.se, Ayco Tack ayco.tack@su.se, Bayyaanaa Zawudee beyu2009@gmail.com fi Buruuk Ayyaaleewu biruk.ayalew2@gmail.com fa'a. Odeeffannoo dabalataaf www.su.se/deep dubbisaa.